Moodeela Dambii Ittin Bulmaataa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa BulchiinssaMootummaa Naannoo Oromiyaa

BIMMO

Muddee/2007

FINFINNEE

Baafata

Mata Duree Fula

Keewwata 1~Hundeeffamu Waldaan Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa~……4

Keewwata 2 Maqaa Waldichaa…… .4

Keewata3~ Teessoo Waldichaa……4

Keewwata 4:~ Chaappaa Fi Faajii (Logo) Waldichaa……..4

Keewwa. 5~ Kaayyoo Fi Hojiwwan Waldichaa……4

Keewwata 6:~ Dudhaallee Fi Sonoota Waldaa Hojii Gamtaa……5

Keewwata 7 – Ulagaallee Miseensa Waldichaa Ta`Uuf Dandeesisan……..6~7

Keewwata 8 –Iyyannoo Miseensummaaf Dhiyaatuu……..8

Keewwata 9 :~ Kaffaltii Adda`Addaa /Madda Mallaqaa/……8

Keewwata. :~10. – Mirga Fi Dirqama Miseensotaa ……8

Keewwata 11. :–Haala Miseensummaa Irraa Gaggeefamu……..9

Keewwata12:~Galmee Miseensotaa Waldaan Hojii Gamtaa …….. 9

Keewwata13:~ Dhaaltoota Moggaasuu……10

Keewwata 14:~ Caasaa Bulchiinsa Fi Geggeessa Waldichaa ……....10

Keewwata 15 :~ Yaaii Waligalaa Waldichaa……..10

Keewwata 16 Angoo Yaaii Waligalaa Waldichaa……11

Keewwata 17 :~ Ulagaallee Miseensa Koree Ta`Anii Filatamuu…….. 11

Keewwata 17 :~Koree Hojii Geggeesituu Waldichaa……..11

Keewwata 18 :~ Aangoo Fi gahee Hojii Miseensota KoreeHojii Geggeesituu……..12~13

Keewwata 19 – Koree To`Anno Waldichaa……14

Keewwata :20~ Koree Tekinikaa Fi Haawwaasummaa……15

Keewwata:~21 – Manaajara Waldaa……15

Keewwata:~ 22.~ Haala Walga`Ii Fi Kenniinsa Sagalee……..16

Keewwata 23:~Sirna Filannoo……16

Keewwata 24:Waldhabiinsa Waldicha Keessatti Ka`u……17

Keewwata 25:~ Waajjira Waldichaa……17

Keewwata 26:~Sadarkaa Ittigaafatamummaa……..17

Keewwata 27:~Haala Tarkanffiin Miseensota.Balleessaa Dalagan Irratti Fudhatamu…17

Keewwata 28:~ Haala Qabiinsa Herrega Waldichaa……17

Keewwata 29:~ Haala Qabiinsa Maallaqa Waldichaa……18

Keewwata 30:~ Mindaa,Durgoo Fi Kaffaltti Adda`Addaa……18

Keewwata 31 –Gahee Fi Faayidaa Kabachiisuu Ykn Waldandeesissuu……19

Keewwata 32 :~ Bara Herrega Fi Gabaasa Raawwii Hojji Waldichaa……19

Keewwata 33 –Qoranno Fi To` annoo Sochii Hojii Fi Herregaa Waldichaa……19

Keewwata 34 –Haala Ramaddii Buu`a Qulqulluu……20

Keewwata 35:~ Qabeenya Waliini Hin Qoodammee ……20

Keewwata 36:~Bulchiinsa Fi Foyyadama Gamoo……20

Keewwata 37:~ Haala Waldichi Ittiin Diigamu ……..……....20

Keewwata38:~ Haala Waldichii Tajaajila Insuraansii Argatuu……20

Keewwata 39 : Dhimmoota Dambii Kana Keessatti Hin tuqamnee……..21

Keewwata 40:~Hiika Dambii Bulmaata Kana……21

Keewwata 41:~ Waa`ee Dambii Keessaa Baasuu……21

Keewwata 42 :~Ittigaafatamummaa Miseensoni Waliin Qaban……..21

Keewwata 43:~ Foyya`iinsa Dambii Ittiin Bulmaata……21

Keewwata 44:~ Yeroo Dambbiin Ittin Bulmaata Kun Ragaa`u……..21

Moodeela Dambi Ittiin Bulmaata Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa

Keewwata 1-Waa`ee Hundeeffamu Waldaan Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa

Haala labsii waldaa hojii gamtaa lakkoofsa 147/1991 keewwta….bu`ura godhachuun kan hundaa`ee yammu ta`u haala keewwata 11 irratti ibsameen *dambii ittiin bulmaataa kana ni qabaata.*

Keewwata 2 – Maqaa Waldichaa

Waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana Jireenyaa _____ittigaafatamummaan isaa kan murtaa`ee jedhamee ni waamama:-

Keewata3-Teessoo waldichaa

3.1 – Magaalaa._____

3.2 – Aanaa _____

3.3. – Maqaa addaa teessoo waldichaa _____

3.4 – Lakkoofsa Manaa _____

3.5 – Lakkoofsa Bilbilaa _____

3.6 – Sanduqaa poostaa _____

Keewwata 4:- Chaappaa fi Faajii (logo) Waldichaa

4.1-Chaappaan waldichaa

4.2-Faajii (logo) waldichaa

Keewwa. 5- kaayyoo fi hojiwwan waldichaa

5.1– Kaayyoo

a- Rakkoo Mana jireenya waliin hojjechuun hiikkachuuf miseensota fedhii qaban haala qajeelfama waldaa hojii gamtaatiin akka gurmaa`an gochuu.

b- Miseensotii waldaa hojii gamtaa beekumsa,qarshii fi yeroo isaaniWalitti qindeessuun rakkoo manajireenyaa haala ittiin hiikkachun dandd`an barbaaduun hojii irra Oolchuu

c- Faayidaan yaada fi duudhaa waldaa hojii gamtaa miseensota biratti hubannoo ga`aa akka argatuu fi hojii irra Ooluu dandeesissuu,

d- Miseensonii waldaa hojii gamtaa gamoo waliinii fi misooma naannoo keessatti gahee fakkeenyaata`u danda`u akka raawwatan gochuu,

e- Miseensota waldaa hojii gamtaa biratti aadaan qusannoo akka guddatu gochuun akka walgalgaarii fi waldeggeran tasiisuu

f- Rakkoollee diinaagdeefi hawaasummaa miseensoni dhuunfaan hojjetanii hikkachuu hin dandeenyee waliin akka hiikkatan gochuu,
g- Naanno mani jireenyaa ijaarametti bu`uraalleen misoomaa akka guutaman gochuun jireenyaaf mija`aa gochuu,
h- Tajaajilawwan fedhii miseensotaa guutuu danda`an qorachuun irratti hojjechuu,
i- Waldaallee hojii gamtaa biro waliin qindaa`uun hojjechuu,akka barbaachisaa ta`etti
j- waldaa hojii gamtaa sadarkaa 2ffaa tti gutamaa`
k- Miseensonii waldichaa abbaa qabeenyaa mana jireenyaa ta`uuf kan isaan
l- dandeesisuu humna maallaqaa akka horatan gochuu,
m- waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana jireenyaa gurmeessuu fi deggeruuf qaama angoon kennamee fi qaamota biro dhimmi ilaalu waliin dhiyeenyatti hojechuu,
n- Qabeenya waliinii waldichaa seeraan qabu fi bulchuu,
o- Dambii qajeelfama fi murtiwwan yaa`ii waliigalaa karaa seera qabeessa ta`een hojii
p- irra Oolchuu,
q- Maallaqaa fi qabeenya waldichaa karaa seera qabeessa ta`een qabuu fi hojii irra
r- Oolchuu,
s- Mirgaa fi Faayidaa miseensotaa kabachiisu
t- Naannoo Mana jireenyaa qulqulleessu fi bareechuu,
u- Nageenya fi Namuusa Naannoo mana jireenyaa kabachiisuu,
v- Miseensotii koreen hojii gaggeesituu fi qaxaramtooti waldaa hojii gamtaa barumsa fi leejii barbaachisaa ta`ee akka argatan gochuu,
w- Gamoowwani fi manneetiin ijaaraman kaayyoo karoorfameef akka Oolan gochuu,
x- Waajjirri waldichaa humna namaa fi meeshallee barbaachisuun guutamee tajaajilaSi'oominaa qabu akka kennu dandeessisuu

Keewwata 6:-Dudhaallee fi sonoota Waldaa Hojii Gamtaa

6.1 – Dudhaallee Waldaa Hojii Gagmtaa

Labsii waldaa hojii gamtaa Lakkoofsa 147/91 keewwata 5 irratti kan ibsamee akkuma jirutti ta`ee kaayyoo fi hojiin waldichaa dudhaallee waldaa hojii gamtaa armaan gaditti ibsama bu`ura kan godhatee ta`a.

a- Miseensummaan fedhii jrratti hundaa`ee haala dambi ittiin bulmaataa irratti ibsamuun nama fedhii qabuu fi ulagaallee miseensummaa gutuuf banaa ta`a.
b- Waldaan kan Oogganama fi to`atamu hirmaannaa dimookraatawaa miseensotaan ta`a. Hirmaannaan diinagdee miseensotaa Cimaa ta`a
c- Waldaan billiisa ta`ee ofiin ofbulcha.
d- Waldaan miseensotaaf koree hojii raawwachiistuuf qaxaramtoota fi hawwaasaaf barumsa,leenjii fi odeefannoo ni kenna.
e- Waldaallee hojii gamtaa biraa waliin waltaaiinsa Uumuu fi babalisuu,
f- Waldaan hojii gamtaa karoora misooma naannoo keessatti ni hirmaata`ni dhimmama.

6.2 – *Sonoota Waldaa Hojii Gamtaa*:-Sonootii waldaallee hojii gamtaa armaan gaditti ibsaman qajeelfamanamuusa waldichaa nit a`u

- Ofiin ofgargaaruu
- Ittigaafatamunnaa
- Walqixummaa
- Haqa qabeessummaa
- Amanamummaa
- Iftooma
- Hawwaasaaf ittigaafatamaa ta`u

- Kan biro gargaaru fi deggeruu.

Keewwata 7- Ulagaallee Miseensa Waldichaa Ta`uuf Dandeesisaan.

7.1 - Ulagaallee Miseensa waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana Jireenyaa ta`ani galmaa`uuf

Ulagaalleen miseensa waldaa hojii gamtaa ta`anii galmaa`uuf dandeesisan labsii waldaa hojii gamtaa lakk,147/91 irratti kan ibsame akkuma jiratti ta`ee raawwii qajeelfama Gurmaa`isa waldaa hojii gamtaa Ijaarsa manajireenyaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.11/2007Biiroo Industrii fi Misooma magaalaa tiin bahee hojii irra Oolchuuf ulagaalleen miseensa waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana jireenyaa ta`uuf guutuu qaban.

a- Miseensota naannoo takko jiraataniin kan gurmaa`u yoo ta`ee naannoo jiraatanitti sirriitti kan walbeekan fedhii fi humna Walfakkaatan kan qaban,fedhiin waliin ijaarrachuuf waligalanii dirqama seenuun qaama waldaa hojii gamtaa Ijaarsa manaagurmeessu dhiyoo ta`etti qaamaan dhiyaachuun iyyannoo miseensummaa guutuu kan danda`u,

b- Naannoo mana hojii hojjetanitti kan gurmaan yoo ta`ee naannoo hojjetanitti sirriitti kan walbeekan,fedhii fi dandeetti walfakkaatu kan qaban,mana waliin ijaarachuuf fedhiin dirqama kan seenan fi waajjira waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana gurmeessuu dhiyoo ta`etti qaamaan dhiyaatee iyyannoo miseensummaa guutuu kan danda`u ,

c- Waajjrri keessa hojjetan kan isaan deggeru yoo ta`an waajjira tokko keessa kanhojjetan fehii fi dandeetti walfakkaatu kan qaban,fedhiin waliin mana ijaarachuuf waligalani dirqama kan seenan ta`u qabu,

Tokko tokkoon miseensa maqaan hojjetaa waajiricha ta`u isaani fi qarshiin ijaarsa manaaf barbaachisuu maqaa tokko tokkoon hojjetaa miseensa waldaa hojii gamtaa ta`een 100% Baankkii Daldala Itiyoophiyaatti galii ta`u isaa sanada mirkaneessuu waajjirrii miseensonii waldichaa keessa hojjetan qaama dhiyoo isaatti waldaa hojii gamtaa ijaarsa manajireenyaa gurmeessutti dhiyeessu qaba.

7.1.4 – **Ulagaallee tokko tokkoon miseensota waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaan guutaman.**

a) Umriin isaa wagga 18 fi isaa ol kan ta`e fi jiraataa magaalaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi diyaaspooraa ta`ee biyya alaa kan jiraatu

b) Magaalaa itti gurmaa`u keessatti walitti aanee waggaa 2 fi isaa ol kan jiraatee fi kan jirachaa jiru

c) Hojjetaa mootummaa yoo ta`ee jirataa magaalaa sanaa ta`ee mana hojii mootummaa keessatti hojjataa ta`eekan hojjachaa jiru ta`u isaa ragaa kan dhiyyefatu.

d) Iddon mana jireenyaa isaa dhaabbataan Magaalicha keessa ta`ee waggoota walitii fufan

lamaf Magaalicha keessa yoo jirachuu baate illee sababii:-

1. Hojiitiin iddoo biraa kan hojjachaa jiru ta`uu ragaa qaama dhimmii ilaaluirraa kandhiyeeffatu,
2. Barnootaf,waldhansa fayyaatii fi dirqama hojii mootummaatiin biyya biraa jiraachuu isaa qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa dhiyeeffachuu kan danda`u,

e) Kaffaltii ijaarsaa guutuu kaffaluu kan danda`uu fi kaffaltii galmee miseensummaa Waldaa hojii gamtaa kaffaluu kan dana`u,

f) Jiraataa biyya keessaa yoo ta`e , tilmaama baasii ijaarsaa Manichaa yeroo gurmaa`u dhibeentaa 20% yeroo lafa of-harkaan gahan dhiibbantaa30% herrega baankii cufaatti (block account) kan galchuu danda`u,

g) Ijaarsicha xumuruuf kaffaltii hafu dhibbentaa 50% adeemsaan qusachaa galii gochuu

kan danda`u

h)Diyaaspooraa yoo ta`e,baasii ijaarsa manichaa yeroo gurmaa`u dhibbentaa 50%,yeroo

lafa of-harkaan gahan dhibbentaa 50% herrega baankii cufaatti galchuu kan danda`u,

j)Armaan dura maqaa isatiinis ta`e maqaa hadhaa mana yookiin abbaa manaa isaatiin maaalichakeessaa mana jireenyaa ykn lafa mana jireenyaa kan hin qabne yookiin qabaatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine.

k)Magaalicha keessaa sagantaa misooma manatiin mana jireenyaa kan hin argannee fi kan gara fuula duraatti argachuuf hin galmoofne yookiin kan galmaa`ee yoo ta`e haqamuu isaa ragaadhiyeeffachuu kan danda`u

l) Miseensa Waldaa hojii gamtaa ta`ee yeroo waldaa hojii gamtaa mana jireenyaatiin

gurmaa`u akka humna isaatti mana meeshaa ijaarsaa naannootiin ijaaraman,Viillaa,mana magaalaa (town house),appaartamaa yoo ta`ee abbaa ciisicha tokkoo,lamaa,sadii fi afuriitiin gurmaa`uuf heyyamamaa kan ta`e.

m) Tilmaamni beenyaa abbootii qabeenyaa manni isaanii diigamuuf kaffalamu hala

tilmaama mootummaan namoota misoomaaf ka`aniif kaffalaa jiruun kan shllagamu ta`a.

N) Akkaataa barbaachisummaa isaatti ashaaraa qubaa kennuuf heyyamamaa kan ta`e,

O) Miseensi waldaa hojii gamtaa Ijaarsa Manaa kamiyyuu Ulagaallee armaan olitti ibsaman hundumaa guutuu isaa mirkkaneessuuf unkaa qaama waldicha gurmeessuun qophaa`ee lakkoofsa 004 fi 005 guutee qaamaan dhiyaachuun galmaa`u qaba.

P) Mirgii isaa /ishee seeraan kan hin dhorkamne

keewwata 8 –Iyyannoo MiseensummaafDhiyaatuu .

a- Iyyannoon Miseensummaa Unkaa qaami waldaa hojii gamtaa Ijaarsa,manaa gurmeessuu qopheesse irratti miseensa tokko tokkoon guutamee qaamaan koree hojii raawwachiistuu waldichaaf dhiyaachu qaba.
b- Koreen hojii raawachiistuu waldichaa iyyannoo miseensummaa dhiyaateef qoratee
c- fudhachuu fi dhiisuu isaa karaa itti toluun ni ibsa yaa`ii waliigalaaf gabaasa ni dhiyeessa.
d- Namoonii iyyannoon miseensummaa dhiyeefatan fudhatama in argannee komii yoo qabaatan
e- yaa`ii waliigalaatti dhiyeefachuu ni danda`u.

Keewwata 9 :- waa`ee kaffaltii adda`addaa /madda mallaqaa/

a- Namnii miseensa ta`uuf barbaaduu kamiyyuu miseensummaan yammu hayyamamuuf galmeef
b- qarshii _____ battalumattini kaffala qarshiin galmeefkaffalamee haaluma kamiinuu miseensaafdeebii hint a`u ykn faayidaan itti hin argamuu.
c- waldichii tajaajila adda addaa kennuuf kaffalttii tajaajila miseensota irraa funaanu ni danda`a
d- Baayinii fi sirni kaffaltii tajaajilaa dambii keessaa irratti ni murtaa`a.
e- Baayinii kaffaltii tajaajilaa,ballina ijaarsa irratti hundaa`ee yaa`ii waliigalaan kan murtaa`u
f- ta`ee Ji`aan ykn waggaan herregamee kan kaffalamu ta`u ni danda`a.
g- waldichii madda galii adda`addaa qabaachu ni danda`a.
h- Isaanis Bu`aa sochii adda addaa irraa argamuu dhalaa baankii buusii adda addaa herrega hin qoodamnee,kenna,gargaarsa, badhaas fi kkf ni dabalta.

Keewwata. 10 .Mirga fi dirqama miseensotaa

10.1 – Mirga miseensotaa

Miseensii waldaa hojii gamtaa kamiyyuu dirqama miseensaa irraa eegamu yamuu guutuu mirgoota armaan gadii ni qabaata.

a- Tajaajila waldichi kennutti fayyadamu
b- Walga`ii waliigalaa miseensota waldichaa irratti hirmaachuu,yaada fi sagalee kennuu,filuu fi filatamuu,
c- Faayidaan isaa/ishee eegameefi fedhiin miseensummaa irra geggeefamuu .
d- Sochii waldicha ilaalchisee ragaa argachuu fi beekuu.
e- Faayidaa sochii waldichaa irraa argamu seeraa fi dambii irratti hundaa`ee argachuu,

10.2 – Dirqamoota miseensotaa Miseensi kamiyyuu mirgoota dambii bulmaata kana keewwata 10.1 irratti ibsaman argachuuf dirqamoota armaan gadii guutee argamuu qaba.

a. Qajeelfama gurmaainsa waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana jireenyaa bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kkoofsa 11/2007 ,Labsii waldaa hojii gamtaa lakkoofsa 147/91,dambii ittiin bulmaataa kana fi dambii keessaa murtiiwwaan waldichaa fi qajeelfamoota biraa kana irratti hundaa`anii kabajuu fi hojii irra Oolchuu,

b. Walga`ii waldichaa irratti argamu marii fi murtii kennamu irratti hirmaachuu.
c. Murtii sagalee caalmaan murtaa`ee fudhachu fi hojii irra Oolchuu,
d. Qabeenya Waliinii waldichaa eeguu fi kanuunsuu.
e. Kaffaltii galmee qarshii ijaarsaaf borbaachisaa fi kan biraa kaffalamu qaban yeroon kaffaluu,
f. Beekumsa,ogummaa fi muuxannoo qabuun waldicha deggeruu,
g. Koree waldichaa keessatti yammuu filatamu tajaajila barbaachisuu kennuu,
h. Gahee hojii fi ittigaafatamummaa qajeelfama gurmaa`ina waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana jireenyaa mootummaa naannoo oromiyaa lakk -11/2007 keewwata 16 9 (1-6) kabajuun raawwachuu,
i. Kasaaraan waldaa hojii gamtaa irra ga`u danda`u haala seera jiruun qooddachuu.
j. Qajeelfama lakkoofsa 11/2007 irratti kan ibsameen ala gocha miseensonii Seeraan ala raawwataniif dhuunfaanis ta`ee waliin ittigaafatama fudhachuu ykn qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessuuf yeroon barreefamaan beeksisuu.
k. Ijaarsii mana yammuu geggeefamuu dhiyenyaatti hordofuu deggeruu fi to`achuu .
l. Ijaarsii manaa yammuu xumuramuu yeroon argamuun caarraan qoodchuu.

Keewwata 11. :–Haala Miseensummaa Irraa geggeefamu.

Miseensii kamiyyuu sababa armaan gadiitiinmiseenssummaa irraa geggeefamu ni danda`a.

a. Fedhiin miseensummaa irraa geggeefamuuf barreefamaan koree hojii geggeestuuf dhiyeesse fudhatama yoo argatee.
b. Gaaffiin miseenssummaa irraa gegeefamuu fudhatama yoo argatee herregii waldichaa qulqullaa`ee gahee fi faayidaan miseensichaa yeroo ji`a sadii hincaallee keessatti kabajameefi ni geggeefama.
c. Miseensi kamiyyuu dirqama miseensotaa dambiii kanaa fi qajeelfama irratti ibsame yoo bahu baatee ykn faallaa isaa gocha waldicha miidhuu danda`u yoo raawwaatee Misseensumma irraa akka ba`u koreen hojii raawwachiisummaa yaa`ii waliigalaaf dhiyeessee murteessisuu ni danda`a.
d. Haalli raawwii isaa dambii keessaa irratti ni ibsama.
e. Miseensii qarshii ijaarsaaf herrega baankii daldalatti galii godhee ijaarsaan dura baasii godhee yoo fudhatee .
f. Miseensii kan du`ee yoota`ee miseenssummaa ni hafa,haalii raawwii isaa dambi keessaa irratti ibsama.

Keewwata12:-Galmee miseensotaa waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa kamiyyuu Galmeemiseensota isaa ibsuu ni qabaata qaphxiin hammachuu qabus.

a.Maqaa miseensotaa hanga akaakayyuutti, teessoo,hojii,umurii, koorniyaa

haalafuudhaa fi heeruma

b. Baayina kaffaltti galmee

C. Maqaa nama dhaaluu.

d. Guyyaa itti miseensa ta`ee

e. Guyyaa miseenssummaa irra gaggeefamee fi qaphxii biraa barbaachisaa ta`ee

Keewwata13:-Waa`ee dhaaltoota moggaasuu.

a- Miseensii waldaa hojii gamtaa kamiyyuu yoo miseensii lubbuun hinjirree nama gahee fi faayida waldaa hojii gamtaakeessaa qabu dhaaluu barreeffamaan moggaasuu ni danda`a.
b- Seera qabeessummaan dhaaltotaa kan fudhatama argatuu ragoota sadiin ragaan dhugaata`uun yammu mirkanaa`u ykn mana murtitiini yommuu raga`uu ta`a.
c- Faayidaa fi gahee malee miseenssummaan hin dhaalamu,haa ta`u malee dhaalaan fedhii
d- qabaatee ulagaallee miseenssummaa dambii kana keessatti ibsamee kan guutuu yoo ta`ee kaffaltii galmee murtaa`ee kaffaluun miseensa ta`u nidanda`a.

Keewwata 14:- Caasaa Bulchiinsa fi Gaggeessa waldichaa Ooggaansii waldichaa qaamota armaan gadii ni qabaata

1. Yaa`ii waligalaa Miseensota hundaa.
2. Koree Hojii gaggeesituu
3. Koree To`annoo
4. Koree tekinikaa fi dhimma Hawaasummaa
5. Koreewwaan biraa barbaachisaa ta'an dabalachuu danda'a.

Keewwata 15 :-Yaaii waliigalaa Waldichaa

a- Yaa`iin waliigalaa walga`ii miseensonii waldichaa hunduu irratti argamaniidha.
b- Yaa`iin waliigalaa dhimma murtii isaa dhumaa kennuudha.
c- Yeroon yaa`iin waliigalaa idileen itti walga`uu waggaa keessatti yeroo ------ ta`ee ji`a fi
d- guyyaan isaa koree hojii gageesitu fi yaa`ii waliigalaan ilaalamee ni murtaa`a yaa`iin waliigalaa ajandaa irratti kan mari'atuu miseensa hundaa keessaa 50 +1 "yoo argamaniidhaa.
e- Yaa`ii waliigalaa arifachisaan koree hojii gaggeesituun ykn koree to`annoon yammu waamamu ykn Miseensota keessaa 1/3 kan ta`an yaa`iin akka waamamu barreeffaman koree hojii geggeesituu yammu gaafatan yeroo guyyaa 15 hin caallee keessatti ni Waamama.
f- Koreen hojii geggeesituu yaa`ii hin waamnee yoo ta`ee waajjira waldaa hojii gamtaa gurmeesseen niwaamama.
g- Murtii gurguddoo dhimma waldichaa keessatti murteessaa ta`an kan akka dambii ittiin
h- bulmaataa fooyyessuu,waldaa biratti makamuu, addaan qoodamu ykn diigamuu fi kan biraa irratti murteessuuf yaa`ii waliigalaa keessaa 2/3 fi oli yaa`ii irratti argamee yoo waligalee ta`a walgaa`ii irratti miseensi tokko sagalee tokko qofa qabaata.
i- Yaa`iin waliigalaa kan waamamu yoo xiqatee guyyoota 15 dursee beeksisa ifaa fi haala
j- mijaa`a ta`een ajandaa fi iddoon isaa ibsamee tokko tokkoon miseensotaa akka waamaman ni ta`a waamicha 1 ffaa kooramiin yoo guutu baatee guyyoota 15 dursee yaa`ii waliigalaa 2ffaa haala mijaa`a ta`ee hundaan ni waamama,yeroo 2ffaa yaa`iin

waliigalaa idileen waamamee koramiin walga`iin geggeefamee murtiin ni murtaa`a murtiin yaa`ii kanaan kennamee akka miseensota hundaan murtaa`eet fudhatamee miseensota hundaa ittatti ni raawwata.

k- Yaa`iin waliigalaa ariifachiisaan waamamu kamiyyuu miseensota waligalaa keessaa 2/3 yooargaman malee geggeefamu hin danda`u.

16. Aangoo fi gahee hojii yaa`ii waliigalaa waldichaa.

a- Dambii ittiin bulmaataa,dambii keessaa,qajeelfamoota hojii karoora hojii fi baajata,kaffalti galmee, fi kaffaltti adda`addaa qoratee ni mirkaneessa.
b- Miseensota koree hojii geggeesituu koree to`annoo fi koree biraa nifilata ni geggeessa.
c- Gabaasa hojii qorannoo herregaa fi bulchiinisa faayinaansii waldichaa gamaagamee murtii ni kenna hojii itti aanuu irratti ni marii'ata.
d- Miseensota haalaa koree hojii gaggeesituun galmaa`anni dhiyaatan gamaaggamee ni mirkaneessa.
e- waldichii waldaa biraa waliin walitti makamuu ykn addaan qoodamu ykn diigamuu yoo barbaadee qoratee murtii dhumaa ni kenna.
f- Qoodiinsa fi suphaa gamoo ykn mana jireenyaa waldichaa ni murteessa .
g- waldhabiinsa koree hojii geggeesituu gidduutii uumamu qoratee ni murteesa
h- Qaxarrii manaajaraa fi hojjetoota biraa ilaalchisee qajeelfama ni kenna.
i- Hojii biraa waldichaaf barbaachisaa ta`ani fi humna koree hojii geggeesitu oli ta`an niraawwata.

Keewwata17 :- Ulagaallee Miseensa koree ta`anii filatamuuf dandeesisan.

a- Waggoota shani asi rakkoo namuusaan kan hin himatamnee ykn itti hin murtoofnee.
b- Maqaa fi namuusa gaarii kan qabuu.
c- Guddina waldichaaf aantummaa kan qabu
d- Dudhaallee fi waldaa hojii gamtaatiif kabaja kan qabu.

d. Hojjetaa qaxaraa waldichaa kan hintaanee.

e- Miseensota biraa waliin mari'atee waligalee hojjechuu kan danda`u.
f- Hojii waldichii hojjetu waliin hojii walitti bu`insa faayidaa qabu kan hin hojjennee.
g- Bakka bu`aan Abbaan manaa ykn haatiwarraa miseensaa koree keessatti filatamuu hin danda`u ykn hin dandeessu.

Keewwata18 :-Koree Hojii Gaggeesituu waldichaa.

a- Miseenonii Koree hojii geggeesituu yaa`ii waliigalaatiin sagalee Caalmaan filatamu.
b- Baayini koree Hojii gaggeesitu namota shan ta`u .
c- Koreen hojii gaggeesituu walittiqabaa,Itti Aanaa barreessaa, shuumii herregaa,qarshi qabaa ni qabaata.
d- Walga`iin koree hojii gaggeesituu akka barbaachisaa ta`eetti yeroo kamiyyuu ni gaggeefama,haata`u malee yoo xiqaatee kurmaana waggaatti yeroo tokkgeggeefamuqaba.

e- Koreen hojii gaggeesituu haala ajandaatiin walga`ii geggeessu fi murtii dabarsuu kan danda`u miseensota koree keessaa walakka ol ykn 50+1 yoo argamaniidha.

f- Barri hojii koree hojii gaggeesituu waggoota 3(sadii) ta`ee walitti aansee yeroo Lama 2 caalafilatamu hin danda`an.
g- Barri hojii koree hojii raawwachiistuu yammu xumuramu hojii raawwataa turee hundumaaqorachisee yaa`ii waliigalaa miseensotaaf dhiyeessuuf Itti gaafatama qaba,filaannoon haaraan yammuu ga ggeefamu yeroo guyyoota 3(sadii) hincaallee keessatti koree haaraatti dabarsee kennuu qaba.
h- Barri hojii erga Xumuramee booda murtiin koree duraan murtaa`u fi tajaajilii kennamu seeraan fudhatama hin qabu.
i- Miseensotii koree hojii gaggeesitu sababa adda addaatiin hirratanii walakkaa 50 % gadii yoo ta`an tajaajila kennuu hin danda`an yeroo ji`a sadii hin caallee keessatti kan bira filachisuun guutamuu qabu.
j- Yaa`iin waliigalaa miseensota koree hojii gaggeesitu hundumaa ykn gartokkee isaani yeroo barbaachisaa ta`e yoomiyyuu jijjiramuu danda`a.
k- Murtiin koreen hojii raawwachistuu murteessuu sagalee caalmaan ta`ee garuu sagalee walqixa bakka lamatti yoo addaan qoodamee sagalee walitti qaban murteessaa ta`a.

19.Aangoo fi gahee Hojii koree Hojii Gaggeesituu.

a- Murtii yaa`ii waliigalaa ni raawwaachiisa
b- Dambii Bulmaataa,dambii yaa`ii waligalaaf ni dhiyeessa.yammu mirkanaa`u qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessuun akka galmaa`u gochuun hojii irra ni Oolcha.
c- Qarshii hojii waldichaaf barbaachisuu walitti ni qaba,seeraan hojii irra ni Oolcha.
d- Karoora hojii fi baajata qopheessee yaa`ii waliigalaan mirkanneessuun hojii irra ni Oolcha.
e- Sirna qabiinsa herrega waldichaa ni dirriirsa,haalaan akka qabamu,fi galmaa`u ni godha.
f- Herregii fi sochiin hojii waldichaa waggaan cufamee odiitiif akka qophaa`u ni godha.
g- Gabaasa raawwii hojii fi sochii bulchiinsa fi faayinaansii yeroo yeroon ni qopheessa yaa`ii waliigalaaf ni dhiyeessa.
h- Dhimmoota waldichaa kamiinu ilaalchisee bakka bu`aa ta`ee ni tajaajila.
i- Miseensota waldicha keessaa ba`u barbaadan haala seera jiruun ni keessumsiisa.
j- Ijaarsii manaa seeraan qulqullinaan yeroo eegee ijaaramaa jirachuu isaa ni hordofa ni to`ata.
k- Hojii waldichaa guyyaa guyyaan raawwaachu qabu itti gaafatamummaan ni gaggeessa.
l- Murtii yaa`ii waliigalaa fi qajeelfamoota jiran irratti hundaa`uun hojjetoota ni qaxara ni bulchaa ni geggeessa.
m- Barri hojii koree osso hin xumuramin iji`a tokko dursee yaa`iin waliigalaa waamame filannoon haraan akka gaggeefamuuf haala ni mijeessa .
n- Murtii yaa`ii waliigalaa dabarsuu kan biraa ni raawwaachiisa.

Keewwata 20 :-Aangoo Fi gahee Hojii miseensota koree Hojii Geggeesituu.

20.1 Yaa`ii waligalaan kan filatamu ta`ee walga`ii yaa`ii waliigalaa fi koree hojii –
Dura taa`a ykn walitti qabaa
a. raawwaachiistuu dura taa`a ta'e ni geggeessa.
b. Waldicha bakka bu`ee dhimma waldaa kamiyyuu ni raawaachiisa,ni himata,nihima tama.

c. Itti waamani isaa koree hojii gaggeesituuf ta`ee sochii hojii koree fi waldichaa olaantummaan ni Ooggana.
d. Xalayoota fi sandoota maqaa waldaan ergaman irratti ni mallateessa.
e. Sandoota herrega fi cheekii irratti shuumii herregaa fi qarshii qabaa waliin ni mallatteessa,baasii maallaqaa ni ajaja ni mirkaneessa.
f. Hojwwan koree xixiqaa miseensota koree hojii geggeesitu waliin ta`uun ni hordofa.
g. Dambii bulmaata, dambii keessaa fi qajeelfamootii waldichaa hojii irra ni Oolcha.
h. Qabeenyii waldichaa seeraan eegamee faayidaa waldichaa qofaaf akka ooluu ni godha.
i. Murtiiwwan yaa`ii waliigalaa fi koree hojii gaggeesituun murtaa`ani fi hojii biraa kaayyoo waldichaa galmaan ga`uuf gargaaran ni raawwaata.

20.2 – **Itti Aanaa Dura taa`aa**.

a.– Itti waamamnii isaa koree hojii gaggeesituuf ta`ee yeroo dura ta`an hin jirree bakka bu`ee ittigaafatamumman ni hojjeta

b. – Barbaachiisaa yammuu ta`u hojiin dura taa`an kennamuufi ni danda`a.

C. - Hojiwwan koree hojii gaggeesituun kennamuuf ni raawwata.

20.3 – **Barreessaa**

a. – Ittiwaamamni isaa dura ta`aaf ta`ee galmeewwan faayilooti harshammeewwan fi chaappaawaldichaa seeraan ni qaba ykn akka qabamu ni godha.

b. – Qaboo yaa`ii walga`ii waligalaa fi koree hojii geggeesitu ni barreessa,mallattoo hirmaatotaan akka mirkanaa`u ni godha.

c.- Waajjira waldichaa ni qindeessa xalayoota fi barreefamoota barbaachisaa ta`an ni eerga,ni fudhata.

d. – Dura ta`a fi Itti Aanaa Waliin mari'aachuun ajandaa walga`ii ni qopheessa.

e. – Hojiwwan biraa barbaachisaa ta`an ni taawwata.

20.4 – **Shuumii Herregaa**

a. – Bu`ura sirna herregaa barbaachisaa ta`ee waldichi akka qabaatu ni godhaa,galmeewwani fi sanadooti herregaa sochii hojii waldichaaf barbaachiisan akka guutamangodha.

b. Sochiin herrgaa waldichaa bu`ura sirna herregaatiin ni galmeessa ykn akka galmaa`an ni godha.

c. – Baasii fi galiin waldichaa seera herregaan ni galmeessa,yeroon akka bu`u ni hordofani mirkaneessa.

d. –Qabeenyii waldichaa seeraan akka eegamuni godha,dura taa`a fi nama biraa aangoon kennameef waliin sanada herrega fi cheekii waldichaani maallatteessa.

f.- Gabaasa sochii herrega waldichaa yeroo yeroon qopheessee koree hojii gaggeesituuf ni dhiyeessa xumura bara baajataatti herregaa waldichaa cufuu fi ibsa herregaaqapheessuun odiitiif ni qopheessa yaa`ii waligalaaf ni dhiyeessa.

20.5 – Qarshii Qabaa /Qabduu

a. – Yaa`ii waligalaan kan filatamu ta`ee koreehojii geggeesituuf ni waamama.

b. – Baasiin maallaqaa waldichaa naga`ee fi sanadoota herrega barbaachisaa ta`aniin deggeramee namoota aangoon kennameefiin mallattaa`ee dhiyaachuuisaa ni mirkaneessa.

c.- Baasii fi galii maallaqaa ilaalchisee dambiwani fi qajeelfama irratti kan caqasamee hojii irra akka Ooluu ni godha.

d. - Qarshii kaazina keessa akka taa`uf murtaa`ee irraa kan hafee guyyaa guyyaan maqaa waldichaan banameetti ni galcha.

e.- Namoota aangoon kennameef waliin cheekii waldichaa ni mallatteessa.

f. Galii fi baasii waldichaa guyyaa guyyaan galmee (cash-book) irratti ni galmeessa.

Keewwata 21 – Koree To`anno waldichaa

Koreen to`annoo yaa`ii waligalaan kan filamu ta`ee hojii fi itti gaafatamumma armaan gadii ni qabaata.

a. Miseensota sadii kan qabu ta`e ittiwaamamnii isaa yaa`ii waligalaaf ta`a barrii hojii koree to`anna waggoota sadii ta`a.
b. Murtiin yaa`ii waligalaa Dambiin bulmaata dambiin keessaa sirritti koree hojii gaggeesituun hojii irra Ooluu isaa ni to`ata.
c. Qabeenyii waldichaa sirritti eegamu fi hojii kaayyoo waldichaa galmaan ga`uuf garggaaran irra Ooluu isaa ni to`ata ni mirkaneessa.
d. Herrigii waldichaa sirriitti guyyaa guyyaa galmaa`u ji`aa fi waggaan cufamuu isaa ni to`ataa herregii odiitii ta`ee yaa`ii waligalaaf akka dhiyaatuu haala ni mijeessa.
e. Koreen hojii gaggeesitu fikoreen biiraa hojii fi itti gaafatama isaa sirritti raawwachaa jiraachuu isaa ni to`ata.
f. Yaa`ii waligalaa Idileen yeroo isaa eegee wamamuu,haallii filannoo kenniinsa sagalee fi murtiin murtaa`u dambii qajeelfama fi faayidaa miseensotaa bu`ura kan godhatee ta`u isaa ni to`ata.
g. Manni waldichaa haala dizaayinii qophaa`een qulqullina isaa eegee ijaaramu isaa ni to`ata.
h. Sochii hojii raawwatee ilaalchisee gabaasa yaa`ii waligalaaf ni dhiyeessa.
i. Hojii biraa yaa`ii waligalaan kennamuuf ni raawwata.

Keewwata :~ 22~ Koree Teekinikaa fi Haawwaasummaa.

a. Yaa`ii waliigalaan kan filatamu ta`ee lakkofsi miseensotaa 3-5 ta`u ni danda`a.
b. Koreen kun walittiqabaa,Itti Aanaa fi barreessaa ni qabaata.
c. Barri hojii miseensota koree waggoota sadii ta`ee yeroo lama walitti aansanii filatamu ni danda`u.
d. Ittiwaamamni koree teekinikaa koree hojii geggeesituuf ta`ee yeroo kamiyyuu yaa`ii waligalaan gaggeefamu ni danda`u.

22.1 –Gahee Hojii fi ittigafatamummaa koree teekinikaa fi Hawwaasummaa.

a. – Haala ijaarsa suphaa fi haaroomessaa manaa fi gamoo ilaalchisee qajeelfama ni qopheessa,yammu mirkanaa`uu hojii irra ni oolcha.

b. – Manni fi gamoon waldichaa tajaajila adda`addaa akka qabaatu qoratee yammu mirkana`uu hojji irra oolmaa isaa nihordofa.

c. – Waldichaa hawwaasa naannoo waliin walitti dhufeenya barbaachisaa qabaatee misooma naannoo keessatti akka hirmaatuu ni godha.

d. – Dhimmoota teekinikaa mana figamoo waliini ilaalchisee qama dhimmii ilaalu waliin ni marii'ata ni hordofa.

e.– Hojii ijaarsaa waldichaa kamiinu ni hordofa ni to`ata.

f.~ Miseensonii waldichaa barumsa leenjii fi ragallee adda`addaa akka argataniif haala ni mijeessa.
g.~ waldallee hojii gamtaa walfakkaatan waliin walittidhufeenyii fi waldeggersii akka jiraatu ni godha.
h.~ waldhabiinsii adda`addaa waldicha keessatti yoo mullatee seeratti utu hin dhiyaatin dursee araaraan akka hiikamu yaalii ni godha.

i.~ Hojii koree namuusaa dabalaan ni raawwata.

j.~ Gurmaa`insii aadaa faayidaa qaban kan akka idiriifi iqubii hawwaasa naannoo fi miseensota waldichaa waliin akka hundaa`aniif haala ni mijeessa.

k.~ Manni jireenyaa ijaaraman carraan miseensotaaf akka qoodaman haala ni mijeessa.

L.~ Hojiwwan biraa yaa`ii waligalaan kennamuuf ni raawwata.

Keewwata:~23 – Manaajara waldaa

a. Waldichii akka barbaachisaa ta`etti manaajira fi hojjetoota qaxaraa biraa qabaachuu ni danda`a.
b. Ittiwaamamni manaajaraa koree hojii geggeesituuf ta`a.

c. Miseensoni koree hojii geggeesituu manaajara waldichaa ta`u hin danda`an.
d. Hojii fi ittigaafatama koreen hojii geggsitu kennuuf duudhaa,sona fi kaayyoo waldaa irratti hundaa`ee ni rawwata.
e. Hojii waldichaa guyya guyyaan hojjetamu qabuu ittigaafatamummaan ni Oogana.
f. Koree hojii geggeesitu fi korewwan biraa ogummaa tekinikaan ni deggera ni gorsa.
g. Haala bakka bu`unisa koree hojii geggeesituun kenamuutiin waldicha bakka bu`ee walga`ii irratti ni hirmaata.
h. Dambii qajeelfama fi karoora irratti hundan`ee hojjetoota waldichaaf ni qaxara,ni bulcha ni gamaaggama,ni geggeessa.
i. Hojiwwan adda`addaa koree hojii geggeesituun kannamuuf ni raawwata.

Keewwata:~ 24 Haala walga`ii fi kenniinsa sagalee.

a~ Miseensi kamiyyuu yaa`ii waligaalaa waldichaa irratti qaamaan argamee sagalee kennu qaba.
b~ Miseensi kamiyyuu kaffaitii waldicha keessa qabu ilaalcha keessa utu hin galiin sagaleen walga`ii irratti argamee kennuu tokko qofa ta`a.
c~ Yaa`ii waligalaa fi walga`ii waldichaa kamiyyuu irratti murtiin darbuu sagalee caalmaan ta`a.
d~ Sirnni kenniinsa sagalee haala iftooma qabuun ta`ee shakkii malee harka baasuun ni raawwata.

Keewwata 25:~Sirna Filannoo

a~ Filannoon koree hojii geggeesituu kamiyyuu yaa`ii waligalaan sagalee caalmaan filatama.
b~ Sirni filannoo kan raawwatu koree filachiistuun ta`a.
c~ Koreen filachiistuu yaa`ii waligalaan jalqabairratti ni filatama,baayinnii koree filachiistuu sadii ta`ee walitti qabaa,barreessaa fi miseensa ni qabaata.
d~ Yammu filannoon koreewwanii geggeefamu akka barbaachisaa ta`eeti qaama waldaa gurmeessu irraa ogeessi ni argama.
e~ koreen filachiistuu kadhimamtoota eeraman keessaa miseensota koree murtaa`an sagalee caalaan ni filachiisa.
f~ Koreen filachiistuu miseensota koree adda`addaa keessatti waliin filataman walittiqabee haala dimookiraatawaa ta`een marisissuun hojii fi ittigaafatamummaa akka qooddatan gochuun yaa`ii waliigalaa ni beeksisa.
g~ Miseensoni koree filachiistuu koree biraa keessatti eeramu hindanda`an barbaachisaa ta`e yoo argamee koree filachiistuu keessaa baasuun koree biraa keessatti kaadhimamaa gochuun dhiyeessun ni danda`ama.
h~ Miseensota koree hojii fi ittigaafatama isaani geeddaranii hojjechissuuf miseensoti koree sagalee 2/3 fi isaa oliin irratti waliigalu fi murteessuu qabu,

i- Koreen filachiistuu koree duran turee fi isaan haaraa filataman gidduutti wal-harkaa
j- fudhiinsaa raawwachiisuuf dirqama qaba.
k- Miseensonii koree haaraa filataman koree duraan turee harkaa aangoo fi hojii yeroo gabaaba keessatti fudhuun ittigaafatmummaa ittikennamee ba`u qaba.

Keewwata 26:- Haala waldhabiinsa waldicha keessatti ummamuu.

1. Waldhabiinsii waldicha keessatti ka`an haala labsii waldaa hojii gamtaa lakk.147/91 keewwatoota 46,47fi49 irratti ibsameen jalqaba araaraan itti aansee murtii jaarsummaa fi yoo hiika hinargannee mana murtii dhimmii ilaaluuti dhiyaatee murtii ni argata.

Keewwata 27:- waajjira Waldichaa

27.1 – waldichii dhuunfaanis ta`ee waldaa hojii gamtaa biraa olla jiru walin ta`uun waajjira qabaachuu ni danda`a.

27.2 – Waajjirri waldichaa kun akka barbaachisaa ta`etti hojjetoota qaxaraa qabaachuun ni danda`a adeemsa fi sochii ijaarsa gamoo guyyaa guyyaan ni hordofa ni to`ata sanadoota harshamee fi qabeenya waldichaa ni qaba

Keewwata 28:- Sadarkaa Ittigaafatamummaa

28.1 – Itti gaafatamummaan waldichaa kan murtaa`eedha.

28.2- Waldichi Qabeenya qabuun oli`idaa kamiifiyyuu itti gaafatamu hin danda`u.

28.3 – Tokko tokkoon miseensotaas akkasumaas idaa waldichaaf sheerii fi faayidaa waldicha keessa qabaniin ala itti hin gaafatamani

Keewwata 29:-Haala tarkanffiin miseensota,balleessaa dalagan irratti fudhatamu.

29.1 – Koreen hojii gaggeesitu tarkaanffi miseensota balleessa dalaganirratti fudhatamu ilaalchisee qajeelfama qopheessee yaa`ii waliigalaan mirkkaneessuun hojii ni Oolcha.

29.2 – Tarkaanffi haala armaan olitti ibsameen fudhatamu irratti miseensii komii qabu dhimmii isaa murtii jaarsummaan akka ilaalamuuf gaafachuu ni danda`a.

Keewwata 30:- Haala Qabiinsa herrega waldichaa.

30.1 – Herregi waldichaa seera fi sirna herregaa irratti hundaa`ee guyyaa guyyaan ni galmaa`a ji`a fi waggaan cuffamee gabaasii koree hojii gaggeesitu fi yaa`ii waliigalaaf ni dhiyyata.

30.2–Sadarkaan hojii herrega waldichaa akkuma eyyamuun galmeewwani fi sanadootaherrega armaan gadii qabaachuun ni danda`a.

a. Galmee Miseensotaa
b. Galmee Qaboo yaa`ii
c. Galmee baasii fi galii
d. Nagahee galii
e. Ajaja baasii
f. Leejara dhuunfaa fi dimshaasha
g. Sanada galii fi baasii meeshaa
h. Sanada walharkaa fuudhinsaa
i. Sanadooota biraa hojii waldichaaf barbaachisan

Keewwata 31:- Haala qabiinsa Maallaqa waldichaa.

a- Waldichii damee baankii daldalaa dhiyootti maqaa waldichaan herrega baankiiqusannoo,socha`aa fi cufamaa banachuu ni danda`a.
b- Kaffaltiin duraa jiratoota magaalichaatiif ijaarsa manaaf miseensotaan jalqaba yammuu waldaan gurmaa`u%20 uammu waldaan lafa maqaa isaan fudhatuu fi galmaa`u %30 kaffalamu herrega baankii cufamaa waldichaatti maqaa miseensa tokko tokkoon galii taa`a
c- Qarshiin waldichaa madda kamiyyuu irraa funaanamu guyyaa _____ keessatti baankitti galii ta`u qaba.
d- Galii fi baasiin waldichaa kamiyyuu cheekii baankiin ni raawwaata.
e- Baasii xixiqaaf qofa harka qarshii qabaa kaazinaa keessa kan ta`u qarshii _____caaluu hin qabu.
f- Keewwata kana 29.5 irratti kan ibsameen ala qarshiin waldichaa kamiyyuu herrega
g- Baankii maqaa waldichaan banamee qofa keessa ta`a.
h- Bittaa meeshaaf ykn dhimma biroof qarshiin baasii ta`e utu hin raawwatin hafee ykn

raawwatamee irraa hafee guyyaa_____ keessatti baankitti galii ta`u qaba.

i- Herrega baankii waldichaa cheekii irratti waliin mallatteessuun kan sochoosan Dura
j- ta`a shuumii herrega fi qarshii qabaa yaa`ii waligalaan filataman ta`u.

Keewwata 32:- Mindaa,Durgoo fi kaffaltti adda`addaa.

32 .1 – Miseensonii koree keessatti filataman kamiyyuu tajaajila .Waldaa fi miseensotaa waldaaf kennaniif mindaas ta`ee kaffaltiin biraa kaffalamuuf hinjiru.

32.2 – Haa ta`u malee miseensota koree fi hojjetoota qaxaraa hojii waldichaaf naannoo hojii alla deemanii raawwataniif haala dambii keessaa irratti ibsamuun kaffaluu ni danda`a.

32.3 – Kaffaltiin waldaan kaffalu kamiyyuu dursee koree hojii gaggeesituun beekamu fi mirkanaa`u qaba.

Keewwata 33 –Gahee fi Faayidaa kabachiisuu ykn waldandeesisuu.

1. Gahee fi faayidaan miseensa kamiyyuu kan kabjamuuf yeroo miseensichii waldaa keessa turee qofaaf ta`a.
2. Miseensi yoo du`ee gahee fi faayidaa inni waldaa keessa qabu qulqulleessuun idaan yoo irra jiraatee irraa hirrisuun nama akka dhaaluuf seeraan murtaa`eef ni kennamaaf.
3. Faayidaa fi gaheen miseensa kamiiyyuu liqii miseensii waldicha ala fudhateef yknwaligaltee mallateeseef qaama sadaftaaf hin kabajamuu ykn gurguramee hin kaffalamu,haata`u malee manicha ijaaruuf ykn bituuf liqii miseensichi kara waldichaan liqeefateef kaffaluuf Ooluu ni danda`a.
4. Miseensi kamiyyuu idea waldaan irraa qabu yoo kaffaluu baatee gahee ykn faayidaa waldicha keessaa qabuu irraa hirrifamee waldandeesisama.

Keewwata 34 :- Bara herrega fi gabaasa raawwii hojji waldichaa.

34.1 – Waldichi sochii hojii fi herrega isaa yoo xiqatee waggaatti yeroo tokko herrega cufee gabaasa raawwii hojii waligalaa qopheessee yaa`ii waliigalaaf dhiyeessuun ni mirkaneesisa.

34.2 – Barri herrega waldichaa Adoolessa hanga waxabajjii 30 ta`a.

34.3 – Gabaasii herrega fi sochii hojii waldichaa waggaan qophaa`ee yaa`ii waliigalaaf dhiyaatuu kan armaan gadii ni dablata.

a. Gabaasa raawwii hojii koree hojii gaggeesitu .
b. Gabaasa rawwii hojii koree to`annoo fi koreewwan biraa.
c. Ibsa sochii faayinansii Ibsa bu`aa fi kasaaraa,Ibsa qabeenya fi idaa fi Gabaasa odiitti yoo qoratamee xumurameera ta`e.

Keewwata 35 –Qoranno fi to`annoo Sochii hojii fi herregaa waldichaa.

a. Koreen to`annoo akka barbaachisaa ta`etti herrega fi sochii hojiiwaldichaa to`achu fi qorachuu ni danda`a.
b. Herregii waldichaa yoo xiqatee waggaatti yeroo tokkoo waajjira Waldaa hojii gamtaa
c. ijaarsa manaa gurmeessuun ykn kan inni bakka buusuun ni qoratama. Waldichii herrega isaa qaama biraatin qorachiisuu yoo barbaadee dura waajjira
d. waldicha gurmeesse irraa hayyama argachu qaba.
e. Herregii waldichaa odiiti ta`ee xumuramee yeroo ji`a tokko hin caallee keessatti
f. yaa`ii waligalaaf dhiyaatee murtii argachu qaba.
g. Miseensota waldichaa keessaa 1/3 kan ta`an herregii walidichaa akka qoratamu
h. barreefamaan yoo gaafatan qoratamuu ni danda`a.
i. Gabaasii odiiti yaa`ii waligalaaf kan dhiyaatuu qaama qorateen ykn bakka bu`aaisaatiin ta`a.
j. Bu`aan gabaasa oditti miseensi waldichaa kamiyyuu akka salphaatti ilaaluu danda`uqaba.

Keewwata 36 –Haala Ramaddii Bu`a Qulqulluu .

34.1 – Bu`aa qulqulluu Hin qoodamnee.

34.1.1 – Herregii waldichaa qoratamee bu`aa qulqulluu waligalaa argamu irra %30 hirrifamee herrega ofeegannoo waldichaa keessa nit a`a.

34.2 – Qoodinsa bu`aa qulqulluu

34.2.1- Haalli qoodinsa bu`aa qulqulluu %70 yaa`ii waligalaan kan murtaa`u ta`ee

a. Hojii balisuuf %_____

b. Hawwaasummaa ykn misooma naannoof % _____

c. Miseensotaaf % _____ ta`u ni danda`a.

34.2.2- Miseensi bu`aa argatee gara herrega qusannootti naanefachu ni danda`a.

34.2.3 – Haalii qoodinsa bu`aa qulqulluu dambii bulmaataa waldichaa irratti ibsama.

Keewwata 37:- Qabeenya waliini hin qoodammee .

37.1.Qabeenyii kennaan,deggersaan,badhaasaan ykn dhaalaan argaman miseensotaaf hinqoodaman

Keewwata 38:-Bulchiinsa fi foyyadama gamoo/

Manaa Gamoon mana waliniiwaldichaa ijaaramee yammu xumuramu haala labsii lakk 370/95 qaama gamoo galmeessuun galmaa`ee waldaa abbootii manaatin ni **bula.**

Keewwata 39:- Haala waldichi Ittiin Diigamu Waldichi sababa kanatti aananiin diigamu ni danda`a.

a. Yaa`iin waligalaa waldichaa murtii addaan akka diigamu yoo murteessee.
b. Baayini miseensotaa 10 gadi yoo ta`ee
c. Mani murtii akka diigamu yoo murteessee.
d. Keewwata kana keewwata xiqaa a, b fi c irratti ibsamee rawwachuun dura qaamii waldicha gurmeessee qulqulleesituu herregaa ramaduun herrega waldichaa qorachuun qabeenya fi idaa addaan baasuun dursee mirgii qaamota 3ffaa fi miseensotaa akka eegamu gochuu qaba,qaamotii waldicha irra mirga qaban dhiyaatanii dirqama waldaatti waligaluu qabu.

Keewwata40:- Haala waldichii tajaajila Insuraansii argatuu.

40 .1 – Waldichii qabeenya isaatiif insuraansii galu ni danda`a.

40.2 – Haalli isaa dhaabba insuraansii waliin waligaltee seenu irratti kan hundaa`u ta`a.

Keewwata 41 :~ waa`ee Dhimmoota Dambii kana keessatti hin xuqamnee.

Sababa adda`addaatiin qaphxiwwani fi dhimmootii dambii kana keessatti hin xuqamiin hafan yoo jiraatan labsii Waldaa hojii gamtaa lakka 147/91 fi fooyya`insa isaa labsii lakk.402/96 irratti hundaa`ee kan raawwatuu ta`a.

Keewwata 42:~Hiika Dambii bulmaata kana.

a.Keewwataafi dambii kana keessatti ibsaman labsii lakk 147/91 fi fooyya`insa isaa labsii lakk.402/96 bu`ura kan godhateedha.

b.Dambii bulmaata kana keessatti hiikii walitti bu`uu yoo mullatee fi waligaluun yoo hindandenyee

Keewwata 43:~ waa`ee dambii keessaa baasuu.

Koreen hojii raawwachistuu waldichaa dhimmoota ballinaan dambii bulmaata kana keessatti hin ibsamnee fi raawwaiif barbaachisaa ta`an ilaalchisee dambii keessa qopheessuun yaa`ii waliigalaa murteessee hojii irra ni Oolcha.

Keewwata 44 :~Ittigaafatamummaa miseensoni waliin Qaban.

Labsii Waldaa Hojii Gamtaa lakko 147/91 fi 402/96,Qajeelfama lakk.11/2007 fi dambii bulmaataa kana keessatti kan ibsameen ala dhimmoota gurmaa`u galmaa`u ,mana jireenyaa waliin ijaarachuu fi KKF ilaalchisee badii ykn gocha seeraan alaa miseensonni WHG raawwataniif dhunfaanis ta`ee waliin ittigaafatamaa ta`u.

Keewwata 45:~ Foyya`iinsa Dambii ittiin bulmaata.

43.1 – Dambiin kan akka barbaachisaan ta`etti fooyya`u ni danda`a.

43.2 – Haa ta`u malee dambiin kun fooyya`u kan danda`u yaa`ii waliigalaa keessaa 2/3 kan ta`an dambichi akka fooyya`u irratti waligalanii.yoo murteessani fi fooyya`insii godhamee guyyaa 30 keessatti waajjira waldaa gurmeesseef dhiyaatee seera fi dudhaa waldaan kan walitti hin buunee ta`un isaa mirkanaa`ee yoo galmaa`eedha

Keewwata 46:~ yeroo Dambbiin ittin Bulmaata kun ragaa`u.

Dambiin ittiin bulmaata kun yaa`ii waligalaa waldichaan mirkanaa`ee abbaa aangoo dhimmii ilaaluuf dhiyaatee guyyaa galmaa`ee irraa eegalee kan hojii irra ooluu ta`a.